

ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 31-12- 2013 تاریخ
Date:

Lakk.: 001/stm-abo/2014
No.: رقم

Waggaa Haaraa ilaalchisuun dhaamsa ABO
Amajji 2014

Miseensota ABO QBO keessatti qooda lammummaa gumaachaa jirtan;
Waraana Bilisummaa Oromoo tarree duraa hiriiruun wareega ulfaataa baasaa jirtu;
Dargagootaa Oromoo, sirnaa fi diina farra Oromoo irratti finciluun mirga ummata keessaniinffii falmaa jirtan;
Ummata Oromoo, sirna gabrummaa umurii gabaabsuuf qbsuu haqaa gochaa jirtu;
Akkasumas firoottan QBO

Baga waggaa haaraa geessan jechaa, waggaan haaraa 2014 bara ummatni Oromoo bittaa abbaa irrummaa irra
aanee bilisummaa isaa fi walabummaa biyyaa itti gonfatuu akka tahuuf ABOn hawwaaf. Barri haaraa bara diinni
ummatoota cunqurfamoo irratti roorisa jiru itti jilbeenfachiisamu, hawwii fi fedhiin ummatootaa itti guutamu
akka tahuuf hawwii isaa dabarsa.

ABO ShG fi ABO-QC deebinee kaayyoo tokko, heera tokko, sagantaa siyaasaa tokko, caasaa tokko, hooggana
tokko, waraana tokko, tarsiimoo qabsoo tokko, tooftaa tokko, imaammata fi qajeelfama tokko jalatti ABO
tokkoomsuuf waligaltee irra geenye Saadaasaa 20, 2012 labsuun keenya waan yadatamu dha. Erga sun tahe kunoo
waggaa guuteera. Yeroo kana keessatti deggersaa fi obsi miseensotaa fi ummata keenya irraa argame kan
dinqisiifatamu dha. Hawwii fi fedhiin keenya utuu hin hir'atin, waliigaltee fi tokkummichi akka milkaawuuf
tarkaanfileen fudhataa jirru hanga herregne caalaa yeroo nu gaafatee dhibaawuu mudanneerra. Haa tahu malee
gara xumuraatti dhihaachaa waan jirruuf odeessa hawwamu walhageessisuuf jiraanna. Akeekni tokkoomuu
humnoota qabsoo bilisummaa Oromoo itti fufee akka fiixa bahuuf ciminaan kan hojjennu tahuu ibsa waliinii (joint
statement) kanaan abbootii fi firoottan qabsoo keenya maraaf addeessina.

Waggaan keessa turame dhumatee waggaa haaraatti wayta seenamu kan keessa dabran of duubatti mil'atuun akka
matayyaa fi walotti kan raawwatame ilaaluun aadaa waan taheef, bara 2013 haala dhaabni keessa ture, haala
ummataa fi kan diinaa ilaallatuun karaa taha. Kan dubre irra deebi'anii ilaaliinii, xiinxaluu fi gamaaggamuun
jabina ofii tikfataa fi jabeeffataa laafina mul'ate irratti hojjatuuadhan irra aanuuf gargaara.

Cabiinsi ummata Oromoo jaarraa 19ffa keessa mudate ummata Oromoo bilisummaa fi walabummaa qofa osoo
hin taane, diinotaan namaan gadiitti akka ilaalamu isa taasise. Bittootni bilisummaa isaa irraa mulqan, biyya isaa
humna qawween irraa booji'anii walabummaa dhabsiisan, bara baraan bittaa isaanii jalaa akka hin baaneef
hammeenyaa fi shirri raawwataa har'a gahan bifa danuu kan qabu tahuu yaadatuu feesisa. Suduudaan humnaan
dura dhaabbatuu, keessa qubatuun to'atuu, duula qor-qalbii bal'inaan adeemsisu, isa qoqqooduun walii isaa dura
akka dhaabbatu gochuu fi kkf tooftaalee sirna gabrummaa diriirfatan ummata Oromoo irra bubbulchuuf dhimma
itti bahaan turanii fi jiran keessa hanga tokko.

Ummati Oromoo hanga gabrummaa jala ture kana keessa mootummoottaa fi sirnoota gara garaa argullee
hundinuu jijiirraa maqaa yoo tahe malee kaayyoo fi akeekaan tokko tahuu gochaa isaanii irraa hubata. Kana irraas
yeroon inni itti mootummoottaa Itophiyaan mootummaa kiyya jedhee fudhatee fi itti amanee jalatti bule hin turre.
Empaayerri humnaan ijaaramtes humnaan jiraachifamte. Nagaa fi tasgabbii kan hin qabne, shakkii fi kan sodaan
jirraatte dha. Nagaa fi tasgabbiin dhabamuun ammoo biyyattiin akka hin guddanneef gaadi'ee hiriira biyyoota
addunyaa keessa isa maayyii keessatti hiriirsee jaarraa 21 kana keessatti illee biyya beela, dhukkubaa fi bodatti
hafummaan beekantu taasise. Lammuin empaayera kanaas bakka dhaqe hundatti namota hagoo irraa kan hafe
mataa ol qabatee akka hin jiraanne eenyummaa fi empaayera biyya kiyya jedhu waamuuf illee akka qaafatu tahe
dha.

Mootummaan abbaa irree fi loogummaa sanyii geggeessuun dorgomaa hin qabne Wayyaanee/IHADG ammoo

mootummoota empaayerittii bitanii dabrani hunda caalaatti egeree hundaa kan gaaffii jala galche, ummatoota bor waliin ollummaan jiraachuu hanga hin dandeenyetti wal irraa fageessaa jiru tahuu gochaa isaan olitti ragaa biraa itti barbaaduu hin feesisu. Har'a biyya ykn naannoo bittootni irraa maddaniin alatti bakkootni biroo bakkoota saaminsaa, cunqursaa fi ummatootni itti hiraarfaman tahuu kan empaayera Wayyaaneen bitaa jiru qalbifatee ilaale hundi hubatuu danda'a. Ummatni keenya Baha Oromiyaa lafa isaa irraa ari'amee alagaaf kan kennname bara dhumate kana keessa tahuu ABOn oggaa yaadatu, kanneen biyya isaanii irratti abbummaan isaanii haalamee buqqaafaman hunda gadi itti dhaga'amu ol aanaa tahuu hubachiisaa rakkoo diinni uume kana qolatuuf kan isaaf danda'ame hunda raawwatuu irraa kan boodatti hin deebine tahuu mirkaneessuu barbaada. Kana keessattis ummatni Ormoo marti qooda irraa eegamu akka gumaachu hiree kanaan dhaamsa isaa dabarsa.

Bakkootni ummatootni qee'ee isaanii irraa humnaan buqqifamanii ari'amuun lafa dhablee taasifaman, bakkootni jiruu dhablummaan itti babal'atee hojjatanii jiraatuun rakkina ol aanaa tahee keessatti dagaagaa jiru, bakkootni baratanii hojji gadootti bobbaafaman biyyaa fi naannoolee ummattoota cunqurfamoo addatti ammoo Oromiyaa fi ummata Oromoo tahuu kan hin haalamne haqa qabatamaa fi dirreetti mul'ataa jiru dha. Sirni Wayyaaneen diriirfamee fi kaayyoon Wayyaanotaa ummata Oromoo akka diinaatti kan ilaaluu fi fudhatu tahuu irraa har'a Oromiyaa keessatti kan duroomaa fi badhaadhaa jiran alagoota Oromoo akka diinaatti fudhatan, akkasumas kanneen ummata isaanii irraa adda bahanii hambaan quufanii jiraatuu filatan qofa. Kana irraa Oromiyaan kan Oromoottaa tahuun hafee kan alagoottaa taatee jirti jechuun ni danda'ama. Haala gadadoo fi dhiphuu kana jijiiruuf qabsoon bilisummaaf adeemsifamu dachaan guddatuun fardii tahuu beeksisa, ABO ummatni keenya wagga haaraa kana keessa qabsuu isaa caalaatti akka finiinsu dhaamaaf.

Jiruu dhablummaa, qaala'insa jirenyaa fi wabii jirenyaa dhabanii obboleeyyan keenya biyya ollootaatti jiruu barbaada godaan salphinaa fi haala namoomaan alaatii oggaa biyyatti darbataman, mootummaan Wayyaanee loogummaa sanyii irratti hundaa'uun aantii isaaf qabiinsa gaarii fi akka gadi of dhaabaniif tajaajilaa fi gargaarsa barbaachisu gochaa kanneen hafan gaddaan alatti harka qullaa ganda isaaniitti akka deebi'an taasisuu irra dabree farreen keessa jiraachuu malu kan jedhuun bakka gahaniitti akka hordofaman ajajuun gochaa diinummaa fi namoomaan alaa wagga dhumate kana keessa raawwatame yoomiyuu mootummaan Wayyaanee Oromoo dararuu irraa kan hin dhaabbanne tahuu mirkaneesse dha. Waan taheef ummatootni cunqurfamoo walii gala addatti ammoo lammileen Oromoo qaanii fi salphina akkanaa keessaan kan baasu biyyoota alaga keessatti baqattummaan xiqqeffamuu fi salphifamuu osoo hin taane madda rakkoo kanaa kutuu waan taheef furmaata maayyii argamsiisuuf ha qabsoofnu jenna.

Mootummaan Wayyaanee ummata Oromoo walii gala diina godhatee saaminsaa fi cunqursaa adeemsisaa jiru addatti targaggo Oromoo irratti xiyyeffatuun tarkaanfiin hammeenyaa fi diinummaa fudhataa jiru diinummaan Wayyaanee kan hundee tahuu mirkaneessuutti dabalee kan dhaloota itti aanutti akekkate tahuu hubachiisa. Barattoota tattaafata hedduun barnoota ol aanaa dhaqqaban barnoota keessaan ari'uun, jumulaan hidhanii barnoota irraa gefachii suun, barattoota qaroo fi sabboonoo tahe jedhanii aijeesuun tarkaanfilee ummata Oromoo hiyyumma keessatti ittisuuf fudhatamani dha. Bittootni bittaa isaanii itti fuksiisuuf hidhaa, aijeechaa, ukkaamsuu, arihatamuu fi rakkolee adda addaa irraan gahan illee ummatni cunqursaa jala jiru adddatti ammoo targaggoon guca tahee boba'uun fedhii fi hawwii ummata isaa dukkana gabrummaa keessaan baasuuf qabu irraa hin dhaaban. Waan taheefi, targaggoon Oromoo diina hanga funyaaniitti hidhate, caasaa basaasaa fi tikaan ummatoota hanga maatiitti to'ataa jiru osoo hin sodaanne, Alagaan hin bitamnu! Oromiyaan kan Oromoo ti! Gabrummaa fi gabroomsaan haa dhabaman! Wareegama keenyaan walabummaa Oromiyaa dhugoomsina! Qabsawaan ni Kufa Qabsoon itti Fufa!! jechuun fincilli golee Oromiyaan hunda keessatti finiinsaa jiru kan diina rifaasisaa, ummata Oromoo boonsaa fi hamlachiisaa jiru taheera. ABOn tattaafata targaggootaa kana dinqisiifata hanga bilisummaan ummata Oromoo mirkanaa'utti akka itti fufuuf kan isaaf danda'amu hundaan kan bira dhaabbatu tahuu hubachiisa.

Mootummaan Wayyaanee dhimma amantii keessa seenuun hawaasa hunda jeequu kan itti fufe tahuutti dabalee kanneen mirga amantii qaban kabajsiifatuu fi yaalii matootii amantii dhuunfatun fedhii mootummaa guutuun akka hafuuf gaafatuu irraa kanneen ajjeefaman, reebaman, haqa dhorkatamanii manneen hidhaa keessatti dhama'aa jiran oggaa yaadatumu rakkoon uumame furmaata dhabee hibboo akka tahetti jira. Mootummaan Wayyaanee kanneen mirga isaaniif falmatan hunda shorarkeessummaan yakkee irratti roorisuu aadaa godhatuu irraa lakkobsi lammiiwan yakka dharaa kanaan gidiraa argaa jiran dabaluu malee hin xiqqaanne. Ajeejjaachaan baay'atu, hidhaan jabeeffamu ummatoota gaaffii haqaa kaasuu irraa boodatti akka hin deebisne ABOn hubachiisaa, rakkoon empaayeritti gaaffii ummatootaa deebisuun qofa kan furamu tahuu jabeessee ibsa.

Waggaa irratti waggaan dabalamaa akka dhufeen ummatoota Itophiyaaf kan mirkanaa'e yo jiraate, Wayyaanee jalatti mirgi ummatootaa kan kabajamuu hin dandeenye tahu dha. Haqni caalaatti ukkaamsamee dharri bakka argatuu agarsiisa. Namootni lakkobsaan yaraa duroomaa ummatni bal'aa caalaatti hiyyoomaaa deemuu mirkaneessa. Aangoo fi mirgi ummataa caalaatti dhiphifamaa aangoon namoota lakkobsaan hedduu xiqqoo fi dhalootaan naannoo tokko tahanii dhuunfatamaa deemuu mul'isa. Kanneen hundi mirgaa fi haqni ummataa kan beekamuu fi kabajamu qabsoo qofaan tahuu akeekan.

ABOn qabsoo siyaasaa fi hidhannoo kan raggaafates dhugaa kana irraa ka'ee ti. Bittootni Itophiyaa hangamuu jijiiramaa oolan, mirga ummatootaa fi dimokraasiif kan dhaabbatan tahuu lallaban gochaan isaanii hundi kan mirga ummatootaa dhiibbatuu fi sirna dimokraasiif faalla tahe abbaa irrummaa dagaagsu, biyyaa fi ummatootaaf dhimmuu fi hojjatuu irra, dantaa dhuunfaa fi murnaaf kan dhaabbatan tahuu hubatuu irraa hidhannoo kaasuun waggoota dheeraaf falme. Falmaa kana keessatti har'a illee qoodni WBO ol aanaa waan taheef WBO bakka jiru maratti tarkaanfi fi boobbaa isaa akka babal'isuu fi finiinsu shakkiin hin jiru.

Har'a ummatni Oromoo roorroo fi salphina irra gahaa jiru keessaa bahuuf ABO abdiin akka eeggataa jiru hubatamaa dha. Eenyu iyyuu caalaa kan dantaa ummata Oromoof dhaabbatee fi falmaa jiru ABO tahuu ummata keenya jalaa dhokataa miti. Abdii fi fedhiin ummata Oromoo kun ammoo QB itti jiramuun fiixa akka buhu hin shakkisiisu. Bittootni har'a jabaa tahanii mul'atan qabsoo ummataan akka honga'an ABOn shakkii hin qabu. Waan taheef diina dhiiga ummataa xuuxee fixee lafee isaa qoqcoraa jiru kana of irraa gatuuf barri haaraa kan jabinaa fi murannoon keessatti qabsaa'uun injifannoo mirqaansaa itti galmeeffannu tahuu qaba.

Waggaa dabre keessa ummatni Oromoo bilisummaa fi walabummaa isaaaf, akkasumas kanneen saaminsaaf irratti bobba'an irratti tarkaanfi adda addaa bakkoota gara garaatti fudhataa tureen qabeenyi isaa saamamuu kan hin haayyamnee fi callisee kan hin ilaalle tahuu agarsiisee jira. Kun baranas babal'atee itti fufuu qaba. Jabinni hawaasa keenya keessatti mul'atuun akka babal'atuuf irratti hojjatuu feesisa. ABOn tarkaanfi kana jabeessuu fi babal'isuuf kan irraa eegamu guutuuf qophii tahuu dhaama.

Ummatni Oromoo duula saaminsaa itti banameen lafaa fi qe'ee isaa irraa ari'amutti dabalee tooftaa gara garaan alagaan biyya isaa irra baayyinaan qubsiifamuun egeree isaa irratti kan xiyyeefate tahuu gadi faginaan hubatee gochaa farrummaa diinaa kana jabinaan dura dhaabbatuu akka itti fufu ABO hubachiisa.

Abdiin ummata bilisummaaf qabsaa'uu dargaggo biyyaa ti. Humni haaraa yomiyuu jijiirama bu'uraa argamsiisuuf fedhii fi dandeetti itti qabu durummaan QBO keessatti hirmaatuun qooda irraa eegamu gumaachuun fiixa bahiinsa QBO keessatti qooda ol aanaa qaba. Dargaggoon Oromoos kana hubatuun

waggoota 8 dabraniiif akka murna hawaasaa tokkootti wal gurmeessuun tarkaanfiin fudhataa turan kan QB-tti jabina hore dha. Waggaababraa jiru kana keessas targaggoon Oromoo fincila jalqaban itti fufuun manneen barnootaa, magaalaa fi baadiyyaa keessatti diddaan agarsiisanii fi ummata dammaqsuu keessatti qoodni kennan kan qabsaawotaa fi firoottan qabsoo hunda boonse akka tahe hin falamsiisu. Kun caalaatti jabaatee kan itti fufuu qabu tahuu ABO hubachiisaa gama dhaabaan kan barbaachisu guutuuf jabinaan kan itti fufu tahuu addeessa.

QBO galii isaan gahuuf WBO waggaababraa keessa tarkaanfii diina irratti fudhateen qabsoon bilisummaa galii isaa hanga gahutti qabsoon kan itti fufu tahuu, diinnis tasgabbaa'ee jiraachuu akka hin dandeenye haala hin mammsiisneen mirkaneessee jira. WBO waadaa ummata isaaf seene kabajaa fi tiksaa tarkaanfii diina irratti fudhatu golee Oromiyaa hunda keessatti kan itti fufu tahuun mirkana. Ummatni Oromoos ilmaan isaa dantaa biyyaa fi ummataaf jecha wareegama ol aanaa baasuuf tarree duraa irratti argaman kana bakka arge hundatti waan barbaachisu hundaan cinaa dhaabbatuu akka itti fufu ABO dhaama.

Mootummaan Wayyaanee waggoota 20 oliif deggersa mootummoota irraa argatuun aangoor irra ture. ABOn gargaarsi mootummaa abbaa irreef argoomamu ummatoota hacuucanii bitu irra waan oolfamuuf deggeruun sirrii akka hin taane deddeebisee hubachiisun tarkaanfii malu akka fudhatan yaadachiisaa fi gaafataa ture. Ammas ABOn gargaarsi maallaqaa fi tumsi diplomaasiitii mootummaa farra ummatootaaf godhamu mirgi dimokraasii ummatootaa akka hin kabajamne, mirgi namoomaa akka hin eegamne taasisuudhaan dararaa fi roorroo itti fuksiisuuuf kan oolu tahuun hubatamee kanneen mootummaa kanaa tumsan ejjannoo isaanii irra deebi'anii akka ilaalan gaafata.

Dhuma irratti hundaan olitti mootummaa Wayyaanee kan hanga ammaa gateettii ummatoota irraa akka hin buune taasisee jireesse ummatoota biyyattii walitti buusuu fi wal shakkisiisuu danda'u irraa ti. ABOn ummatootni empaayerittii wal irratti osoo hin taane diina waloo irratti xiyyeffatuu dhaan soso'uun kufaatii diinnaa kan shaffisiisu tahuutti amana. Kun dalagaan mul'atuu dhabuun umrii bittaa abbaa irrummaa waan dheeressuuuf diina irratti akka fulleffatamu ABO dhaamsa isaa irra deddeebiin dabarsa.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Muddee 31, 2013